qaanqee@hotmail.com

Lakk. 16 Birraa, bara 2003

- Sagalee tokkoo-n yoo dubbatan, dhageettii argatan!
- Gamtaan haa dubbannu, gamtaan haa hojjannu!
- Of-sobuu fii wal-sobuun qabsoo miti!
- Miseensummaan dhaabaa filmaata, Oromummaan dhaloota!

Gaafii Bilisummaa Oromoo
Siyaasaa Walxaxaa Impaayera Toophiyaa keessatti

Biyyi saba Oromoo, Oromiyaan, impaayera Toophiyaa tiin hacuucamtee gabrummaa jaala jiraatuu isii beekuun, bu'ura sochiin gaafii bilisummaa irraa burqitu nama hubachiisa. Sabni Oromoo akkuma sabootaa fi sab-lammoota biraa seera uumaa guddinna hawaasaa hordofee osoo sadarkaa mootummaa wailigalaa biyyoolessaa ijaaratuu bira hin gayin mootummaa Absiiniyaa tiin butamee kichuu cite. Biyyootni addunyaa martinuu bifa fi nafa ardha keessa jiraniin hin uumamne. Suuta suutaan guddatanii: warra irraa gara sab-lamummaa-tti, achirraa gara sabummaa-tti, itti-aansaniis gara biyyummaa-tti guddatan. Kun, adeemsa uumaa guddina hawaasaa ti.

Ummatni saba Oromoo sadarkaa hawaasa loon horsiifataa (pastoral society) irra osoo jiru sirni humnaan wal-hacuucanii bulchuu (colonial system) Awuroophaa keessatti dhalatee guutummaa addunyaa liqimsuuf qaarriffaa dheereffate. Sababaa amantii Kristaanummaa tiin kan biyyoota Afrikaa keessaa mootummoota biyyoota Awuroophaa wajjiin hariiroo qabaataa ture, mootiin Abysiiniyaa tis iyyannoo dhiheeffatee tumsa ogeessitootaa tii fii meeshaalee lolaa argate. Kanuma-tti gargaaramuu dhaanis, yeroo biyyootni sun Afrikaa kochee koche-tti ciratan innis sabootaa fi sab-lammoota gaafa Afrikaa (Horn of Africa) keessa jiran humna meeshaalee ammayyaa tiin lafa isaanii qabatee dhuunfate. Saboota haala kanaan gabroomfaman keessaa Oromoo-n tokko. Haqa kana namni haalu ka jiru nutti hin fakkaa-tu yoo wallaalli taasise malee.

Haqa armaa olii irra akka hubannu-tti, tokkummaan Toophiyaan ardha leelliftu, tokkummaa jaalalaa fi wal-qixxummaa irra-tti ijaarame osoo hin tahin, tokkummaa irreen moototii Habashaa humnaan walitti dhodhommoqsanii gubbaa laambuban tahuu beekuun gaafii bilisummaa kan ummatni Oromoo qabsawaafii jiru maalummaa isii hubatuuf nama gargara.

Gaafiin bilisummaa Oromoo, akka namootni gariin (tokko-tokko) ardha jechaa jiran, gaafii bulchiinsa mootummoota Habashaa jibbuu qofa irraa madditee miti. Sanyii dhaan, seenaa fii hubannaa ilaalchaa-tiinis (psychological make up) Oromoo-n ummata isaan wajjiin wal-fakkatuu miti. Kanumas tahe garuu, wajjiin qubatee wal-fuudhee wali irraa horuun isaa dhugaa dha. Wajjiin turiinsa waggoota dheeraa booda, akka ummataa-tti, hariiroo fuudhaa-heerumaa fi amantii tiin wal-keessa lixuun (marriage and religious intermingling) ni jira. Kanumas taanaan, walitti-hidhata jalalaa fi wal-qixxumaa osoo hin tahin,

walitti-hidhata wal-irra aanuu fii wal-liqimsuu (the relationship for domination and assimilation) hundee taasisaftee dha. Haqa kana sirnaan hubatuunis, “Oromoon maaf bilisummaa barbaada?” gaafii jedhu nama hubachiisa.

Oromoon humanaan butameeti malee, jaalala isaa tiin mootummaa Habashaa-tti hin heerumne. Humna qawwee-ttu walitti isaan dabalee waliin bulche malee aadaa fi Afaaniinis wal hin fakkaatan. Ummata wal-qixxummaan wajjiin waliin bulee miti.
Kanaaf Oromoon gaaffii bilisummaa kaase. Gaafii bineeyyiin siyaasaa (political animals) gubbaa diddibanii bira taruun dhaan deebii argatuu miti. Sababaa gayaa qaba; onnee ummtaa keessaa-llee hundee qaba. Deebiin kennamu: ummata quubsutu irra jira. Gaafii jarreen lamaa-sadih koraan murteessanii deebii kennaniifii miti. Sabaa fi sab-lammoota ollaa isaa jiran wajjiin jiraatuu yookaan diduu kan murteeffatuuf mirga guutuu qabu ummata bal’aa Oromoo ti.

SIYAASAA DUKKANAAWAA IMPAAYERA TOOPHIYAA

Siyaasaa dukkanaawaa humnoota Toopiyaa kanneen alaa fi biyya keessa jiraniin xaxamaa jiru lammiin Oromoo waan sirritti hubate hin fakkaatu. Duumessa gurraachawee roobuu dhaaf miila gad-dhedheereffataa jiru kana ija hubannaa tiin xiixalluun hegeree saba Oromoo tiif murteessaa taha jetnee amanna. Diina iyyatee iyya walii dabarsee wal qopheessaa jiru kana ciisanii gungumuu duwwaan najaa irraa nama hin baasu. Aangoo abaabayyootaa fi akaakayyoota isaanii irratti deebi’uu dhaaf, ilmaan Nafxanyootaa akka waraabessa raqa nyaatuuf yuusuu-tti wal-waamataa jiraatuu isaanii, gumiin baatii Hagayyaa biyya Ameerikaa Kaabaa keessatti deemsisan ragaa qabatamaa dha.

Hirmaattota gumii kanaa gad-faginaan ilaaluu-nis barbaachisaa taha. Hoogganoota gareewwan mootummaa Mallas Zeenaawii fonqolchuuf morman-tu, qondaaltota bara Haylasillaasee tii fii bara Mangistuu Haila-maaram aangoo irra turan dabalatee humna aangoo ittiin qabatan cimsatuu dhaaf gamtaa ijaarate.

Dhuguma-tti, yoo akka saganteeffameen kan hujii irra oolfamu tahe, humna laafaa miti. Ilaalchaa fi haaloon jarreen kun saba Oromoo irratti qaban kan abboota isaanii caala haddhaawaa tahuun isaa ifa galaa dha. “Oromoo-n Baddannoo (Gaara Mul’ataa) keessatti hallayya-tti nama keenya gate; Arbaa-Guuguu (Arsii) keessatti mana itti cufee nama keenya fixe….kkf” jarreen jedhantu hidhii ciniinnatee aangoo irratti deebi’ee Oromoo fe’atuuf gamaa-gamana galda’aa jira. Alaa fi biyya keessattis wal-qopheessuu dhaan yoo tahe filmaataan, didamu dhiibbaa biyyoota alaa tii fii yookaan irree humnaa tiin mootummaa qabatuuf yaaliin jaarmayootni kun itti jiran, haga Oromoon argaa jiru caalaa gad-fageenna qaba.

Lammiiwwan saba Amaaraa biyyaa keessatti yoomuu caalaa harka lafa-jalaa tiin wal ijaaraa jiru. Ifa-ttis, akka paartii siyaasaa-tti of-galmeessuu dhaan miseensa horataa jiru. Toooftaan itti wal ijaaran immoo kan dur caalaa bilchina qaba. Gara tokkoon ifa-tti bahanii mootummaa Wayyaanee abaaruu dhaan akka garee mormitootaa-tti filmaataaf ummata isaanii bira dabranii inumaa lammiiwwan saboota cunqurfamtootaa tis maqaa Toophiyaa tiin hawataa jiru. Gara biraa tiin, qondaaltota durii kanneen

biyyoota alaa keessatti hujii diplomaasummaa fi ogummaa hayyoomaa tiin michoota baay'ee horatan wajjiin hariiroo horatuu dhaan sagantaa isaanii tiif deeggarsa siyaasaa fi horii qadhaabataa jiru. Akkasumas ammoo, humnoota haga tahes-tahu hidhannoo-n socho'aa jiran jedhaman wajjiinis firoomuuf tokkummaa tolfataa jiran.

Kana qofaa miti. Humnoota akka adurree fi hantuutaa-tti walii diina turan araarsuu dhaan, "hegeree aayyoo Toophiyaa-f jechaa gadoo dabre dhiisaa!" jedhanii walitti dhiheessaa jiru. Fakkeenyaaf: qondaaltota Wayyaanee-Tigraayi kanneen Mallas wajjiin mataan-walitti bu'anii alaa fi biyya keessatti wixxifataa jiran wajjiinis 'le Itoopiyaa bilen' (Toopiyaaf jecha), yaada jedhuun walitti dhihaataa jiran. Kun tahuun ammoo, sochii saba cunqurfamtootaa siyaasaa dukkanaawaa dhaan golga. Mara caalaa tokkummaa jarreen kanaa-ttu nama yaadchisa.

Gara biraa tiin, mootummaan Wayyaanee-tis, umrii dheereffachuu dhaaf, maqaa 'abbaa-biyyummaa Toophiyaa' (Ethiopian sovereignty) jedhuun lammiiwwan Amaaraa ifitti harkisuu dhaaf nama daangaa biyya-ttii kabajsiisu of-fakkeessa. Tooftaa kana ummata-tti gurguratuu dhaaf mootummaan Mallas, aangawicha Eertiraa Isaayyaas abaaruu dhaan murtii Manni-Murtii Tokkummaa mootummootaa keenne didee, lola Baadmee kan marsaa biraa tiif olola. Kun mala yaada ummataa ittiin afanfaajjessu kan bultii-baafataa ti. Tahus garuu, qabsoo irrattii dhiibbaan inni qabaatu laafaa miti.

Mootummaan Mallas akkuma lammiiwwan saba Amaaraa ifitti harkisuu dhaaf wixxifatu-tti, jaarmayootni Amaaraa ammoo lammiiwwan Tigraayi ammatuu dhaaf siyaasaa dukkanaawaa alaa fi biyya-tti deemsifamaa jiru. Siyaasaan dukkanaawaan kun hidda yoo horate, duumessi dukkanaawaan rooba-tti jijjiirame galaana hamaa fidu wajjiin wal-fakkaata. Haala kana akka duumessa bubbeen seentee taasisanii rooba hanqisuun immoo, harka Oromoo tii fii saboota cunqurfamtoota biraa keessa jira. Ulfa gamtaa humnoota Habashootaa kana irraa ilmi dhalatu bifa kam akka qabaatu, sochii Oromoon saboota cunqurfamaa wajjiin wal hammatee oofutu murteessa. Ulfa kanas kan sal'eessuu dandahu sochii kana. Harka maratanii, haancoo siyaasaa alanchaa amoommataa ooluun, ulfa jedhameef baati sagal kennaaniin gumaata ulmaatiif of-qopheessuu taha. Ilma dhaaltuufis akka baattoo qopheeffatuu ti.

SIYAASAA DUKKANAA KANA SAAQEE OROMOO-N OF-BILISOOMUU DANDAYAA?

Gaafii kana hawwii qofaan deebisuun, of-sobuu bira dabree bu'aan inni fidu hin jiru. Lammiiwwan Oromoo waggoota baay'ee dhaaf hawwii habbuuqqataa ardha gahan. Hawwiin duwwaan, biyya bilisoomsuu dhiisii, funyaan irraa tiitisa (tiisisa) nama hin kaaftu! Hireen jiru lama: akka gamnaa-tti lolanii bilisoomuu dha; yookaan ammoo dhidhiitatuu dhiisanii, ba'aa gabrummaa baataa dhaa jilbiimfatanii jireenna salphinaa jiraatuu dha. Kanaa ala malli biraa hin jiru.

Yoo bilisummaa kan filatnu tahe: "Haalli qabsoo bilisummaa dhaaf aanjawaa tahe maali?" gaafii jedhu deebisuu qabana:

Oromiyaan lafaa fi ummata bal'aa qabdi. Kun mataa isaa-ttuu madda irre-qabeessa (potential resource)

hin tuffatamne taha. Habashootni hundinuu yoo walitti dabalaman, humnaa fi qabeenna haga saba Oromoo hin qabaatan. Daandiin qabsoo bilisummaa, humna kana hundee taasifatee ka'a jechuu dha.

Madda irre-qabeessa kana humna irre-qabeessaa taasisuu dhaaf ammoo:

• Jaarmayootni Oromoo kanneen bilisummaa sabaa-tti amanan martinuu, siyaasaa dukkanaawaa duumessaawee qabsoo Oromoo hiddaan buqqisuuf wixaname fashalsiisuu dhaaf daddaffitti Tokkummaa Kaayyoo (Unity of Purpose) tolfatu-tu isaan irraa eeggama. Haala gamas isaan geessu mijjeeffatuu-fis, sadarkaa addunyaatti, Gumii Sabboonota Oromoo (International Congress of Oromo Nationalists) kan jaarmayootni hawaasaa tii fi siyaasaa, akkasumas dubartootni, mangoddootni, ogeeyyiin, hayyoonni, hogganootni amantii, dargaggootaa fi shamarran itti hirmaatan qopheessuun furmaata gita bira hin qabne jedha, Qaanqeen Bosonaa.

• Imaammata hin daddaaqne cimaa galii ifa-galaa (clear goal) qabu kan fira qabsoo tii fii diinaa-fis dirre-tti mul'atu bu'urfatuun tarkaanfii sadarkaa lammaffaa ti. Qabxiin guddaan qabsoo bilisummaa itti kufe, galii qajeelaa hawwasni addunyaa hubatu dhabuu isaa ti. Hogganootni adda bilisummaa harka tokkoon 'Oromiyaa walabaa-tti' hiixataa harka kaaniin aangoo 'tokkummaan Toophiyaa' dhalu-tti rarra'an. Ifa bahanii, siyaasaa itti amanan hordofuun rakkinnaa miti. Guyyaa-guyyaa Oromoo fakkaataa, halkan-halkan ammoo dukkana dahata taasisatanii Toophiyummaaf hojjatuun, lubbuu ilmaan sabaa qisaasuu dha. Reeffa isaanii gubbaa jaajjanii kooraa aangoo yaabbatuuf bololuu dha.

• Humnoota jiranii fi kanneen dhaaltuun isaanii malus walitti cuunfanii adda bilisummaa sona-qabeessaa caasaa dhaan dagalfamee heeraa fi seeraan bulfamu ijaaruun tarkaanfii sadarkaa sadaffaa ti. Humnootni Oromoo hundinuu, yoomuu caalaa dadhabaa dhufan. Fakkeennaaf: ABO-n bara dabre bakka sadih-itti: garee Shanee, garee Ceehumsaa fi garee daandii sadaffaa horfani-tti addaan qoodamee ture. Barana ammoo, gareen Shanee: murna gaafii Kora Sabaa leellisuu fi murna sagantaa biyya-tti galiinsaa dhaadhessuu giddu-tti danqamee foolataa jira. Akkasumas, IBSO-n daandii lama-tti fottoqe. ULFO-nis, akkuma Qaanqeen Bosonaa kanaan dura irra deddeebi'ee tilmaamaa ture-tti, ulfa ilmoo tahee hin dhalatne tahee hafe. Kanaafuu, jaarmyootni fi gareewwan bilisummaa haqaa-tti amanan walitti dhufanii humna tokkummaa uumatuun filmaata haalli yeroo-dha dirqisiisu tahee nutti mul'ata.

• Hoggana ititaa bilchina qabu (solid and efficient leadership) kan filmaataan aangawee filmaataan buufamu horatuun, tokkummaa ijaaramu cimsee qabsoo bilisummaa finiinsa. Walitti dhufanii harkaa fi dibbee tumanii faaruu tokkummaa weeddisanii addaan galuun akkaa faaydaa hin fidne ummatni Oromoo guutumma-tti qaata hubate. Ilaalcha ummataa hawatuu dhaan, gumiin maallaqa funaanatuuf waggoota hedduuf madda wal-mulqatuu dhaa tahee ture barana hoongawuun isaa dammaqqii lammiiwwan Oromoo mul'isa. Dammaqqiin kun daran cimee, gaafii jijjiirama hogganaa kaasuun isaa akka hin hafne beekamaa dha. Maaliif yoo jedhame, rakkinni qabsoo bilisummaa Oromoo, hoggana ilaalcha gayaa (vision) qabu dhabuu isaa ti. Kanaafuu, gamtaa sabboonotni Oromoo uumatan namootni hogganan Kora-idileen (General Congress) filamanii muudamuu qaban. Qabsoo bilisummaa kan akeeka of-irratti abdataa fi irkata (self-confidence & self-reliance) hordofee ummata Oromiyaa maandhee taasifatte diriirsuun akeeka abdachiisaa uuma. Haala addunyaa babarruu qabsoo bilisummaa sabaa tiif aanjawaa

hin tahin keessatti, fira amanamoo horatuun akkaan rakkisaa dha. Biyyootni fi mootummotni hundinuu dhimma mataa ofii-tiif nama gargaaru malee, jaalalaa fi michooma hundee taasifatanii miti. Gargaarsaa fi tumsa alaa caalaa ummata ifii-tti irkatuu fi abdatuu caalaa kan humna jaarmayaa cimsu hin jiru. Kun ammoo, ummata keessa seenanii caasaa cimaa babal'ifatuu dhaan bu'urfama. Kanaafuu, hujiin biyyaa fi ala-ttis miseensa horatuu tii fii caasaa jaarmaya diriirsuu, dhukaasaa-baaniinsa dirree lolaa caalaa ammaaf akka ilaalcha duraa (priority) argatu gochuun dirqama barri fide.

• Dabballoota bilchina qaban kanneen alaa fi biyya keessatti siyaasaa qabatamaa hamilee ummataa jajjabeessee bayyanachiisuu irratti hojjatan bobbaasuu barbaachisa. Siyaasaa doomee dulloome ololuun hamilee ummataa cabsee jira. Yaada tortoraa jibrii sobaa tiin walitti suphame kosii keessa suuqanii, yaada sadarkaa dammaqqii hawaasaa hubatee bilchaateen gad-bahuun milkii danboobuu taha. Siyaasaan jaartee yoo xochattu, komii fi hamii ganda keessaa-tti gad deebiti. Jaartee yoo toturraa-tu ammoo, firaaf-diina addaan wallaal-ti. Aanaa ciniintee alagaa ammatti; miseensa tuffattee amba abdatti; kaayoo gad dhiiftee bacancarti. Qabsoon Oromoo-tis sadarkaa kanarra jirti. Kanaafuu, akka saba bilisummaa-f qabsaawuu tokko-tti, dabballoota qabsoo baraarsan horatuu nu feesisa.

• Hujii diplomaasii-tiif ilaalcha gayaa keennuu dhaan, sabni Oromoo maaliif karaa bilisummaa akka filate, biyyootaa fi jaarmayoota addunyaa-tti ejjannoo daddaaqinsa hin qabneen beeksisuun akkuma sochii dirree lolaa-tti gatii isa madaalu hawatuu qaba. Qoondaaltota dhaabaa qofa-tti dhiisuu osoo hin tayin, jaarmayootni hawaasaa tii fii lammiiwwan Oromoo kanneen ala jiran hundinuu Oromoo-f ambaasaaddara tahanii biyya jiran keessatti kaayoo fi kaayyoo sabaa qabsoo bilisummaa-tiif michuu qadhaabatuun itti-gaafatama dhalootaa ti. .

MATA-HIDHA DUBBII (CONCLUSION)

"Waliigalan alaa galan" jedha Oromoo-n. Haala fokkataa dhiibbaan biyyoota addunyaa tii fi siyaasaan impaayera Toophiyaa keessatti uumamaa jiru saba Oromoo irra geessisaa jiran jara of-baraasuu dhaaf jaarmayootni bilisummaa tokko-tahanii wajjiin dhaabatuu caalaa kan isaan baasu hin jiru. Dinaa waliigalee gamtaan dhufe, humnoota sabaa wajjiin waliigalanii gamtaan deebisuu malee falli biraa hin jiru.

Wama fedheefis taanaan, ambaan waliigaluuf suk-sukuu caalaa, dhaabbota Oromoo wajjiin waliigaluuf fiffiiguu wayya. Jaarmayootni Oromoo, yoo gola tokkummaa uumatan, jarreen tokko-tahee isaan dubbisu birattis ulfina argatan. Yoosan irree-llee qabaatan; dhageettii-llee hawatan. Yoma biyya seenuu-lleen jiraate yoos sagalee horatan.

Akkuma namuuyyuu beeku-tti, seenaa qabsoo bilisummaa kan bara dheeraa keessatti, jaaramyoootni Oromoo alaa fi biyya-ttis akka ammaa laamshawanii hin beekan. Hamileen lammiiwwan sabaa daangaa malee xuqamee jira. Kana karoorsanii diriirsuunuu mataa isaa-tti qabsoo biraa nama gaafata.

Siyaasaa dukkanaawaa keessaa of-baasuun muratnoo cimaa gaafata. Duraan-dursanii bilisumma

Oromoo-tti amanuun murteessaa taha. Ofii sodaatanii ummata sodaachisuun immoo hamilee wal-cabsuu dha. Akkuma Habashoonni ‘aayyoo Toophiyaa-f’ jedhanii obsaan waliigalanitti, nus ‘ayyoo Oromiyaa-f’ jennee waliigallee irree tokkummaa horatuu qabna. Kana malee malli biraa hin jiru. Daandii kanaa ala yoo ni deemna jennes ummatni Oromoo kana booda nun fudhatu. Ilmaan isaa, qe’ee isaa tii fii qabeenna isaa qabsoo bilisummaa tiif jecha wareegee jira. Imala waggooto soddaa booda amma if-duuba deebinee “daandiin durii sun dogoggora ture” yoo jenneen lubbuu galaafatame fi dhiiga dhangala’e san mee akkamitti laala?

Ammaa-achi, ummatni Oromoo dhugaa qabatamaa arguu barbaada. Haxxummaa fi abshaalummaa hifatee jira. Hegeree saba isaa keessatti sagalee qabaatuu fedha. Gaaf-tokko bilisummaa, gaafa-biraa ammoo Toophiyummaa jarreen isaa kennuu barbaadaniif bakka hin qabu. Jeeqamni dabre isa gaha. Yoo daandiin qabsoo filatame, sirnaan qabsaawee walaboomuu malee, ammaa-achi qabsoo bacancartuu hin kaasu yookaanis hin hordofu. Kanaafuu, yoomuu caalaa jaarmayootni Oromoo, danbalii dallansuu ummataa kaanaf sagalee tokkummaa tiin deebii gayaa keenuu qaban. Dhiibbaa hawaasa addunyaa tii fii jaarmayoota Habashaa caalaa, dhiibbaa fi hamilee ummata Oromoo-ttu ilaalcha duraa argatuu qaba.

-Gamtaan haa dubbannu, gamtaan haa hojjannu!
-Araara alagaa dura kan aanaa ofii haa dursu!
-Sagalee tokkoo-n yoo dubbatan, dhageettii argatan!
-Freedom is a necessity not an option!

Qopheessitoota Qaanqee Bosonaa-irraa
Birraa, bara 2003